Oromia Global Forum
6909 Laurel Ave, Suite 5219
Tacoma Park, MD 20913
Email: oromiaglobalforum@gmail.com
Web Site: https://ogfonline.org/
Phone: 612-483-0161

Dhimma: Boqochuu Dr. Taaddasaa Eebbaa Fidoo ilaalchisuun WMOIA/OGF gadda itti dhagahame ibsata

Guyyaa: Caamsaa 03, 2022



Boqochuu Dr. Taaddasaa Eebbaa Fidootiin gaddi guddaa nutti dhagahame WMOIA/OGF ibsata. Doktor Fidoon qabsaa'aa Oromoo gameessaa fi bu'uuressitoota ABO keessaa nama hangafaa ture. Doktor Fidoon qabsaa'ota Oromoon mirgasaaf akka falmatu dadammaqsuu, ijaaruu fi qindeessuu keessatti gahee olaanaa xabatan keessaa nama tokko ture. Dr. Fido nama kutataa fi qalbiinsaa hin raafamne, arjaa waan qabu beekumsas tahu qabeenya namaaf qooduuf of booda hin jenne ture.

Doktor Fidoon qabsoon Oromoo Oromoota bira dabree alagaan akka baruuf aarsaa guddaa kaffaluun alagaa fira qabsoo Oromoo gochuuf nama hedduu ifaajee ture. Dr. Fidoon ilmaan Oromoo bakka isaan jiranitti barbaaduun bakka rakkinni isaanirra gahetti nama abdii itti horaa turee dha; Rakkina keessaa baasuufis utuu of hin qusatin nama nan dadhabe utuu hin jedhin ifaajaa turee dha.

Doktor Fidoon hayyuu fi hooggana Oromoon horate keessaa nama jalqabarratti tarreeffamuu dha. Kitaaba Gadaa Melbaa jedhamu barreessuun Oromoon akka seenaasaa isa dhugaa baru gumaacha olaanaa laatee jira. Qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti gaggeessaa fakkeenya gaarii tahe laachuun barasaa guutuu duudhaa Oromoo tiksuu fi kaayyoo bilisummaa Oromoo bakkaan gahuuf ifaajuutti dabarse.

Doktor Fidoon qabsoo bu'uuressee, jiraachisee, dagaagsee ilmaan isaatti guca bilisummaa fi walabummaa dabarsee boqote. Namni kamuu bara-baraan lafarra hin jiraatu. Hojii fi kaayyoon doktor Fidoon irratti jireenyasaa dabarse garuu onnee fi sammuu Oromoota kumaa kitilaa fi seenaa keessa bara-baraan jiraata.

Doktor Fidoon hayyuu fi goota Oromooti. Qabsaa’aa jireenya fakkeenya gaarii tahu jiraatee barsiisee leenjisee ilmaan akkasaa bobbaasee kaayyoo jiraateef ilmaan kumaa kitila dhaalchisee boqote.

WMOIA/OGF maatii, firoota, hiriyyootaa fi jaallan doktor Fidoo ofbiraa dhabaniif, akkasumas saba Oromoo haayyuu fi goota qaalii kana ofbiraa dhabeef jajjabina hawwina.

Qabsaa’aan Ni Kufa Qabsoon Ittifufa!

Waltajjii Marii Oromoo Idila-Addunyaa | Oromia Global Forum